

**Labsii Taaksii Eksaayizii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Lakkoofsa 232/2013**

Gosa meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufaame irra deebiin sakatta'uun dhugummaatti meeshaalee qananii jedhaman, fayyaa hawaasaa miidhanii fi rakkoo hawaasummaa hordofsiisan akkasumas meeshaalee fi tajaajiloota bu'uraa ta'uu isaanii irraa kan ka'e fedhiin gabaa isaanii kan hin hir'anne irratti akka buufamu taaesisuun waan barbaachiseef;

Taaksiin eksaayizii baasii oomishaa irratti shallagamaa ture gatii gurgurtaa warshaatiin akka bakka buufamu taasisuun rakkoo tilmaamamummaa taaksii mudachaa ture kan salphisu ta'uun waan itti amanameef;

Hanqinaalee taaksiin eksaayizii sirnaan sassaabuu irratti mudachaa ture furuuf seera misooma diinagdee, hawaasummaa fi eeggumsa naannoo akka milkaa'u taasisu baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

**Kutaa Tokko**  
**Tumaalee Waliigalaa**

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun "**Labsii Taaksii Eksaayizii Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 232/2013**" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

- 1) "**Abbaa Taayitaa**" jechuun Abbaa Taayitaa Galiiwan Oromiyaa fi caasaalee isaa sadarkaan jiran jechuudha.
- 2) "**Bittaa fi Gurgurtaa Namoota Walitti Dhufeenyaa Hin Qabne Gidduutti Taasifamu**" jechuun bittaa fi gurgurtaa namoota lama gidduutti gatii gabaa sirrii ta'een taasifamu jechuudha.
- 3) "**Dhugaatii Alkoolii**" jechuun gosa dhugaatii qabiyyeen alkoolii isaa %0.5 ol ta'e kamiyyuu jechuudha.
- 4) "**Fichisiisaa**" jechuun nama abbaa qabeenya meeshaalee gara biyya keessaa galanii yookiin qabiyyummaa isaa jalatti argamu yookiin irraa faayidaa qabu jechuudha.

- 5) “**Fooyyessuu**” jechuun warshaa dhugaatiwwan alkoolii oomishu irraa dhugaatii alkoolii fudhachuudhaan irra deebiidhaan calaluu yookiin dhandhamni addaa akka itti dabalamu taasisuu jechuudha.
- 6) “**Gara Biyya Alaatti Erguu**” jechuun meeshaa tokko Itoophiyaa irraa gara biyya alaatti yookiin Zoonii oomishaaleen al-ergii itti oomishamanitti erguu jechuudha.
- 7) “**Gara Biyya Keessaatti Galchuu**” jechuun meeshaalee biyya alaatii fi Zoonii oomishaaleen al-ergii itti oomishaman irraa gara Itoophiyaatti galchuu yookiin akka galan taasisuu jechuudha.
- 8) “**Hayyama**” jechuun waraqaa ragaa galmee tajaajilawwan taaksiin eksaayizii irratti buufame yoo ta’u, hayyama meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame oomishuuf akkaataa Labsii kana Keewwata 19 tiin kennamu jechuudha.
- 9) “**Labsii Bulchiinsa Taaksii**” jechuun Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa rogummaa qabu jechuudha.
- 10) “**Labsii**” jechuun Labsii Taaksii Eksaayizii jechuudha.
- 11) “**Mana Kuusaa Meeshaa Hayyamameef**” jechuun mana yookiin iddo bu’uura Abbaan Taayitaa hayyamuun eeggamuun fi meeshaan taaksii eksaayizii itti hin kaffalamne keessa taa’u jechuudha.
- 12) “**Mana Marii Bulchiinsaa**” jechuun Mana Marii Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- 13) “**Meeshaa Alkoolii Calalu**” jechuun meeshaalee aadaa Itoophiyaatiin ala meeshaa alkoolii oomishuuf tajaajilu yoo ta’u, qaamolee meeshaa kanaas ni dabalata.
- 14) “**Meeshaa Taaksiin Eksaayizii Itti Kaffalamu Yookiin Irratti Buufamu**” jechuun meeshaalee gabatee 1<sup>ffaa</sup> kutaa 1 Labsii kana wajjiin qabsiifame jalatti tarreeffaman jechuudha.
- 15) “**Meeshaalee Taaksicha Irraa Bilisa Ta’an**” jechuun meeshaalee gabatee 2 Labsii kana wajjiin qabsiifame jalatti ibsaman jechuudha.
- 16) “**Mootummaa**” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 17) “**Nama**” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.
- 18) “**Oomishaa Alkoolii Hayyamni Kennameef**” jechuun nama bu’uura Labsii kana Keewwata 19 tiin alkoolii akka oomishuuf hayyamni kennameef jechuudha.
- 19) “**Oomishaa Hayyamameef**” jechuun nama bu’uura Labsii kana Keewwata 19 tiin meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame akka oomishuuf hayyamni kennameef jechuudha.

- 20) “Oomishuu” jechuun:
- (a) Meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame oomishuu;
  - (b) Adeemsa meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame oomishuu keessatti galtee kamiiyuu yookiin oomisha gar-tokkeen xumurame oomishuu; yookiin
  - (c) Alkoolii calaluu, fooyyessuu, tajaajila barbaadamuuf qopheessuu, tajaajila namaatiif akka hin oolle taasisuu ni dabalata.
- 21) “Qaraxa Gumruukaa” jechuun qaraxa gumruukaa meeshaalee gara biyya keessatti galan irratti buufaame, suur-taaksii yookiin qaraxa walfakkaataa biroo jechuudha.
- 22) “Taaksii Dabalata Qabeenyaa” jechuun taaksii akkaataa Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaa rogummaa qabuutiin buufame jechuudha.
- 23) “Taaksii Eksaayizii” yookiin “Taaksii” jechuun Taaksii bu’uura Labsii kanaatiin buufame jechuudha.
- 24) “Tajaajila Namaatiif Kan Hin Oolle” jechuun tajaajila dhugaatii namootaatiif akka hin oolle taasifamee kan hojjetame jechuudha.
- 25) “Tajaajila Taaksiin Eksaayizii Itti Kaffalamu yookiin Irratti Buufamu” jechuun tajaajiloota gabatee 1 kutaa 2<sup>ffaa</sup> Labsii kana wajjiin walqabsiifame jalatti tarreeffaman jechuudha.
- 26) “Teembira Eksaayizii” jechuun mallattoo meeshaa taaksiin eksaayizii itti kaffalamu irratti taaksichi kan kaffalame ta’uu mirkaneessuuf maxxanfamu jechuudha.
- 27) “Warshaa Alkoolii Calalu” jechuun warshaa alkoolii oomishuuuf hayyamni kennameef jechuudha.
- 28) “Warshaa” jechuun iddo meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame oomishaa hayyamni kennameeffiin itti oomishamu yookiin itti kuufamu yoo ta’u, iddo hojii oomishaan meeshaalee taaksii eksaayizii irratti buufame gabaa hawaasa fayyadamaaf itti dhiyeessu kamiiyuu hin dabalatu.
- 29) “Xayyaara” jechuun namota yookiin meeshaalee qilleensa irra kan geejjibsiisu geejjiba kamiiyuu jechuudha.
- 30) “Yeroo Biyya Keessa Galan Jedhamu” kan jedhu hiika bu’uura Labsii kana Keewwata 6 tiin kennameef ni qabaata.
- 31) “Zoonii Oomishootni Al-ergii Itti Oomishaman” jechuun Zoonii oomishootni gabaa alaatiif dhiyaatan itti oomishamanii fi Boordii Investimantiitiin moggaafamu jechuudha.
- 32) Labsii Bulchiinsa Taaksiitiin hiikni jechootaa fi gaaleewwaniif kenname Labsii kanaan hiika addaa yoo itti kenname malee, Labsii kanaafis raawwatiinsa ni qabaata.

### **3. Ibsa Koornayaa**

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

### **4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Labsiin kun bu'uura Heera Mootummaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalawa Itoophiyaa Keewwata 96 tiin aangoo Mootummaa Federaalaatiif adda bahee kennameen alatti meeshaalee fi tajaajiloota naannicha keessatti taaksiin eksaayizii irratti buufame kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

### **5. Gatii Gabaa Sirrii**

- 1) Gatii gabaa sirrii meeshaalee yookiin tajaajiloota taaksiin eksaayizii irratti buufame kan jedhamu bittaa fi gurgurtaa dimshaashaa namoota qunnamtii hin qabne gidduutti raawwatameen gatii meeshichi yookiin tajaajilichi yeroo sanatti argamsiisuu danda'a jedhamee eegamuudha.
- 2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin gatii gabaa sirrii meeshaalee yookiin tajaajiloota taaksiin eksaayizii irratti buufame beekuun kan hin danda'amne yoo ta'e, akkaataa tumaa Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin gatiin gabaa sirrii meeshichaa yookiin tajaajilichaa ni murtaa'a.

### **6. Yeroo Meeshaaleen Gara Biyya Keessaatti Galaniiru yookiin Tajaajilichi Dhiyaateera Itti Jedhamu**

- 1) Yeroon meeshaaleen taaksiin eksaayizii irratti buufame gara biyya keessaatti galanii jiru itti jedhamu haalawan armaan gadii keessaa isa tokkoon ta'uu danda'a:
  - (a) Meeshaaleen taaksiin eksaayizii irratti buufame itti fayyadama biyya keessaatiif oolan buufatoota gumruukaa irraa yammuu bahan, gara buufatoota gogaa biyya keessaatti kan geejjibsiifamanii fi meeshaalee buufata gogaatti formaalitii gumruukaa xumuran yeroo raawwatanitti;
  - (b) Meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame faayidaa biyya keessaatiif akka oolan gara biyya keessaa erga galaniin booda gara man-kuusaa gumruukaa hayyamameefitti geejjibsiifaman formaalitii man-kuusaa gumruukaa yoo xumuratan;
  - (c) Meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu faayidaa biyya keessaatiif akka oolaniif Zoonii oomishoonni al-ergii itti oomishaman irraa yeroo bahanitti;
  - (d) Haala biroo kammniyyuu meeshaaleen taaksiin eksaayizii itti kaffalamu gara biyyaatti yammuu galaniidha.
- 2) Dhiyeessiin tajaajiloota taaksiin eksaayizii irratti buufame raawwatamee jira kan jedhamu yeroo kanneen armaan gadii keessaa isa dursuun ta'a:

- (a) Guyyaa tajaajilichi itti kennname;
- (b) Guyyaa nagaheen gaaffii kaffaltii tajaajilaaf itti qophaa'e;
- (c) Guyyaa kaffaltiin tajaajilaa guutummaan yookiin gar-tokkeen itti kaffalame.

**Kutaa Lama**

**Dirqama Taaksii Eksaayizii Kaffaluu**

**7. Taaksii Eksaayizii Buusuu**

- 1) Bu'uura Labsii kanaatiin, taaksiin eksaayizii kanneen armaan gadii irratti buufamee jira:
  - (a) Meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame kan oomishaa hayyamameefiin naannicha keessatti oomishaman;
  - (b) Tajaajiloota taaksiin eksaayizii irratti buufame kan tajaajila kennaa hayyamameefiin naannicha keessatti kennaman.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame biyya alaatii galan irratti kan buufamu ta'a.
- 3) Bu'uura tumaa Labsii kanaa Keewwata 11tiin meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu gabatee Tokkoffaa Labsicha wajjiin qabsiifameetiin tarreeffaman hanga taarifa kaffaltii gabaticha keessatti ibsameetiin taaksiin eksaayizii itti kaffalama.

**8. Dirqama Taaksii Eksaayizii Kaffaluu**

Kanneen armaan gadiitti tarreeffaman taaksii eksaayizii bu'uura Labsii kanaatiin buufame kaffaluuf dirqama qabu:

- 1) Oomishaa meeshaalee taaksii eksaayizii irratti buufame naannicha keessatti akka oomishu hayyamameef;
- 2) Nama tajaajiloota naannicha keessatti kennaman kan taaksiin eksaayizii irratti buufame kennuuf galmaa'e;
- 3) Fichisiisaa meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu gara biyyaatti galchu.

**9. Yeroo Taaksiin Eksaayizii Itti Kaffalamu**

- 1) Dirqamni taaksii eksaayizii kaffaluu meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu oomishaa hayyamameefiin biyya keessatti oomishamanii yeroo warshaa oomishaa irraa bahanitti ta'a.
- 2) Raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiif meeshaaleen warshaa oomishaa hayyamameefii keessatti faayidaa irra oolan, yeroo faayidaa irra oolanitti warshicha keessaa akka bahanitti lakkaawama.

- 3) Dirqamni taaksii eksaayizii kaffaluu nama tajaajiloota taaksiin eksaayizii irratti buufamee yeroo tajaajilichi kennametti ta'a.
- 4) Fichisiisaan meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu gara biyya keessaatti galchu yeroo gumruukaa baasu taaksii eksaayizii Koomishiniin Gumruukaatti kaffaluuf dirqama qaba.
- 5) Koomishiniin Gumruukaa taaksii eksaayizii akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin kaffalame Abbaa Taayitaaf dhangalaasuu qaba.
- 6) Oomishaan hayyamameef bu'uura Keewwata kanaatiin taaksii eksaayizii akkaataa Labsii kana Keewwata 38 beksiisuu fi Keewwata 39 jalatti tarreeffameen kaffaluu qaba. .

#### **10. Meeshaalee fi Tajaajiloota Taaksii Eksaayizii Irraa Bilisa Taasifaman**

- 1) Labsii kana Keewwatoota birootiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, kanneen armaan gadii taaksii eksaayizii irraa bilisa taasifamanii jiru:
  - (a) Meeshaalee ulaagaa gabatee 2 Labsii kana wajjiin qabsiifame irratti ibsaman guutan;
  - (b) Man-kuusaa meeshaa hayyamameef dabalatee, meeshaalee to'annoo Abbaa Taayitichaa jala ta'anii gabaa alaatiif dhiyaatan;
  - (c) Tajaajiloota biyya alaatti kennaman;
  - (d) Bu'uura hayyama barreeffamaa Abbaa Taayitichaa irraa dursee kennameefiin bakka hojjettoonni Abbaa Taayitichaa argamanitti warshaa itti oomishaman irraa bahuun duratti meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame oomishaadhaan faayidaan ala akka ta'an taasifaman;
  - (e) Meeshaalee fi tajaajiloota taaksiin eksaayizii irratti buufame ta'anii qaamolee mirga taaksicha irraa bilisa ta'uu qabanitti gurguraman;
  - (f) Meeshaalee sababa diinagdee, hawaasummaa fi bulchiinsaatiin Mana Marii Bulchiinsa Naannichaatiin taaksii eksaayizii irraa bilisa taasifaman;
  - (g) Alkoolii tajaajila dhugaatii namaatiif haala ooluu hin dandeenyeen tajaajila yaalaatiif akka oolan oomishame;
  - (h) Meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame balaadhaan yookiin sababa biroo humnaa ol ta'een haala armaan gadiitiin badan yookiin manca'an:
    - (i) Hojii meeshaalee fe'uu yookiin buusuu dabalatee yeroo meeshaaleen kunniin warshaa oomishaa keessaa bahaa jiranitti;
    - (ii) Meeshaaleen warshicha itti oomishaman keessaa osoo hin bahin dura warshaa oomishaa keessa yeroo jiranitti;

- (iii) Meeshaalee Itoophiyaa gahuun duratti Xayyaaraan yookiin Dooniidhaan yeroo geejjibamaa jiranitti.
- 2) Tajaajiloonni taaksiin eksaayizii itti kaffalamu biyya alaatti kan kennamaniidhaa kan jedhamu tajaajiloonni kunniin iddo hojii daldalaa Itoophiyaa keessatti argamutti kan kenname ta'anii kan faayidaa irra oolan garuu Itoophiyaan ala yoo ta'aniidha.
  - 3) Keewwata kana Keewwanni Xiqqaa 2 raawwatiinsa kan qabaatu tajaajilootni Itoophiyaa keessatti faayidaa irra kan hin oolle ta'u Abbaan Taayitaa yoo itti amaneedha.
  - 4) Oomishaan hayyamameef meeshaalee balaadhaan yookiin sababa biroo humnaa ol ta'een badaniif yookiin manca'aniif beenyaa kan argate yoo ta'ee fi beenyichi taaksii eksaayizii kan dabalatu yoo ta'e, fayyadamaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(d) ta'u hin danda'u.

## **11. Bu'uura Shallaggii Taaksii Eksaayizii**

- 1) Tumaan Keewwata kanaa raawwatiinsa kan qabaatu bu'uura taarifa taaksiin eksaayizii itti kaffalamu gabatee 1 Labsii kana wajjiin qabsiifamee jiruun yeroo gatii kaffalchiisa eksaayizi taaksii meeshaalee yookiin tajaajilootaa itti ta'uttii dha.
- 2) Gatiin kaffalchiisa taaksii eksaayizii meeshaalee gara biyya keessaa galanii ida'ama armaan gadii ta'a:
  - (a) Meeshaa irratti qaraxni gumruukaa kaffalamus kaffalamuu baatus, gatii meeshichaa akkaataa Labsii gumruukaatiin shallagamuu; fi
  - (b) Qaraxa gumruukaa bu'uura Labsii Gumruukaatiin kaffalamu.
- 3) Gatiin kaffalchiisa taaksii eksaayizii meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufamee biyya keessatti oomishamanii gatii gurgurtaa warshaa yoo ta'u, kanneen armaan gadii hin dabalatu:
  - (a) Taaksii dabalata qabeenyaa dhiyeessii meeshaa irratti buufame;
  - (b) Baasii teembira eksaayizii (yoo jiraate); fi
  - (c) Baasii meeshaalee deeb'aniif qabsiifaman.
- 4) Gatiin tajaajilotaa taaksiin eksaayizii itti kaffalamu taaksii dabalata qabeenyaa tajaajilicha irratti kaffalamu hin dabalatu.
- 5) Keewwata kana Keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumameakkuma eegametti ta'ee, gatiin tajaajilota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu kan armaan gadii ta'a:
  - (a) Namni galmaa'e tajaajilota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu bittaa fi gurgurtaa namoota walitti dhufeonya hin qabne gidduutti kan gurgure yoo ta'e, gatii tajaajilaa, komishinii yookiin kaffaltii biroo kaffalame;
  - (b) Gatii gabaa sirrii tajaajilichaa haala biroo kaminiiyuu kaffalame.

## **12. Sirreeffama Taasisuu**

- 1) Taarifa taaksii eksaayizii itti kaffalchiifamu gabatee 1 Labsii kana wajjiin qabsiifame irratti Manni Marii Bulchiinsaa Qajeelfama baasuun taarifa %10 hin caalle dabaluu yookiin hir'isuu ni danda'a.
- 2) Taarifa taaksii eksaayizii itti kaffalchiifamu muramaan buufame gabatee 1 Labsii kana wajjiin qabsiifame irratti bu'uura Qajeelfama Manni Marii Bulchiinsaa baasuun Abbaan Taayitichaa yoo xiqlaate waggatti yeroo tokko sirreeffama gatii taasisuu ni danda'a.

## **13. Gatii Gurgurtaa Warshaa Meeshaalee Taaksiin Eksaayizii Irratti Buufamee**

- 1) Gatii Gurgurtaa warshaa meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufameedha kan jedhamu:
  - (a) Oomishaan meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame bitataatti kan gurgure bittaa fi gurgurtaa namoota walitti dhufeenyaa hin qabne gidduutti taasifamuun yoo ta'e, gatii bitataan kaffale;
  - (b) Haala biroo kaminiiyuu meeshichi warshaa oomishaa irraa yeroo bahetti gatii gabaa sirrii jiru;
- 2) Gatii gurgurtaa warshaa irratti taaksiin eksaayizii kaffalame nagahee bittaa fi gurgurtaa irratti adda bahee mul'achuu qaba.

## **14. Hanga Meeshaalee Taaksiin Eksaayizii Irratti Buufame**

- 1) Keewwanni kun raawwatiinsa kan qabaatu taaksiin eksaayizii meeshaalee irratti buufame akkaataa gabatee 1 Labsicha wajjiin qabsiifameen hanga baay'ina yookiin ulfaatina meeshaalee kanneenii bu'uureeffateen yammuu ta'uudha.
- 2) Haalawwan armaan gadiitiin hangi kaffalchiisa taaksii eksaayizii meeshaalee kan murtaa'u saamsaa meeshaa, meeshicha fi ulfaatina meeshichi of keessatti qabate bu'uura godhachuun ta'a:
  - (a) Meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu yeroo gara biyyaatti galanitti yookiin oomishaa hayyamameefin warshaa itti oomishaman irraa bahanitti saamsaa meeshaa, meeshicha wajjiin gurguramuu yookiin meeshaaleen akkanaa qinxaboone yeroo gurguramanitti saamsaawan wajjiin gurguraman yoo ta'uu; fi
  - (b) Saamsichi:
    - (i) Ulfaatinni qulqulluu isaa kan irratti hin barreeffamne yoo ta'e; yookiin
    - (ii) Yeroo gurguramutti qabiyyeen keessa jiru baratamaan kan beekamu ta'uu dhabuu isaatiin baay'ina yookiin ulfaatina sirrii isaa beekuun kan hin danda'amne yoo ta'e; yookiin

- (c) Abbaan meeshichaa sirrummaa ulfaatina qulqulluu ittiin saamsamee haala Abbaa Taayitichaa amansiisuun hubachiisuu yoo hin dandeenye, kaffaltiin taaksii meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufamee saamsichaa fi ulfaatina waliigalaa meeshaa of keessatti qabate irratti ta'a.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, haalawwan armaan gadiitiin meeshaan hanga saamsaa irratti ibsameen gadi hin taane akka keessa jirutti lakkaawama:
- (a) Meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu yeroo gara biyyaatti galan yookiin oomishaa hayyamameefin warshaa itti oomishaman yeroo irraa bahanitti saamsaa meeshicha wajjiin gurguramu yookiin meeshaaleenakkanaa qinxaboonee yeroo gurguramanitti saamsaawan wajjiin gurguraman yoo ta'u; fi
- (b) Saamsichi:
- (i) Meeshaa baay'ina murtaa'aa qabatu kan irratti barreeffame yoo ta'e; yookiin  
(ii) Yeroo gurguramutti qabiyyeen keessa jiru baratamaan kan beekamu yoo ta'e.
- 4) Saamsaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti ibsamee hanga murtaa'ee ol yoo ta'e taaksiin eksaayizii kaffalamu hanga isa sirrii irratti ta'a.
- 5) Abbaan Taayitichaa hanga caccabaa fi harcaatii adeemsa oomishuu keessatti mudatuu fi haala ittiin hayyamamu Qajeelfamaan ni murteessa.

#### **15. Iddoo Tajaajilootni Taaksiin Eksaayizii Irratti Buufame Itti Kennaman**

Tajaajilootni taaksiin eksaayizii irratti buufame kan kennaman iddoohojii daldala tajaajila kennaa biyya keessa jiruun naannicha keessatti yoo ta'e, tajaajilichi naannicha keessatti akka kennametti lakkaawwama.

#### **16. Taaksii Meeshaa Dheedhii yookiin Galtee Irratti Kaffalame Walirraa Hir'isuu**

- 1) Oomishaan hayyamameef meeshaalee dheedhii yookiin galtee taaksii eksaayizii itti kaffalamu gara biyyaa galan yookiin biyya keessatti oomishaman irratti taaksii eksaayizii kan kaffalee yoo ta'ee fi meeshaalee dheedhii yookiin galteewan kanneen oomisha xumuraa oomishuu akka galteetti itti fayyadame yoo ta'e, taaksii eksaayizii kaffalee ture oomishoota isaa xumuraa irratti taaksii kaffalu irraa akka hir'ifamu ni taasifama.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame alkoolii, tamboo fi sukkaara hin dabalatu.

**Kutaa Sadi**

**Hayyama**

**Kutaa Xiqqaa Tokko**

## Hayyama Argachuuf Iyyata Dhiyaatu

### 17. Hojiwwan Hayyama Argachuun Barbaachisuuf

- 1) Namni kamiiyyuu Abbaa Taayitaa irraa hayyama osoo hin argatin yookiin hin galmaa'in hojiwwan armaan gadii irratti bobba'uu hin danda'u:
  - (a) Oromiyaa keessatti meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu oomishuu;
  - (b) Bu'uura Labsii kana Keewwata 31 jalatti tumameen Qajeelfama Abbaan Taayitaa baasuun meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame teembirii eksaayizii irratti maxxanfamuu qaba jedhaman dhiyeessuu;
  - (c) Tajaajiloota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu dhiyeessu;
  - (d) Dameewwan hojii biroo Abbaan Taayitaa dirqama hayyama argachuu qaban jechuun Qajeelfamaan baasu irratti bobba'uu.
- 2) Namni tumaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 darbuun hojii meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu oomishuu yookiin tajaajiloota kennuu irratti bobba'e taaksii eksaayizii gabatee 1 Labsii kana wajjiin walqabsiifameen buufame kan kaffalu ta'a.
- 3) Namni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin taksii eksaayizi akka kaffalu dirqisiifamu:
  - (a) Abbaa Taayitaatiin yeroo gaafatamutti battalumatti taaksicha kaffaluu qaba.
  - (b) Bu'uura Labsii kanaa fi Labsii Bulchiinsa Taaksiitiin yakkaan kan itti gaafatamu ta'ee, adabbii fi dhala akka kaffalus ni taasifama.

### 18. Hayyama Argachuuf Iyyata Dhiyeessuu

- 1) Namni hojiwwan Labsii kana Keewwata 17 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tarreeffaman irratti bobba'uu barbaadu, hayyamni akka kennamuuf Abbaa Taayitaaf iyyata dhiyeeffachuu qaba.
- 2) Iyyanni akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin dhiyaatu:
  - (a) Unka hayyamameen dhiyaachuu;
  - (b) Kaffaltiin hayyamaa itti kaffalamuu; fi
  - (c) Akkaataa Abbaan Taayitaa murteessuun dhiyaachuu qaba.

**Kutaa Xiqqaa Lama**

**Hayyama Kennuu**

### 19. Hayyama Kennuu

- 1) Abbaan Taayitaa iyyata bu'uura Labsii kana Keewwata 18 tiin dhiyaatuuf qulqulleessuun hayyama kennuu yookiin dhorkachuu ni danda'a.

- 2) Abbaan Taayitaa hayyama dhorkachuu kan danda'u haalawwan armaan gadii jiraachuu yoo mirkaneeffatee dha:
- (a) Iyyataan bu'uura Labsii kana yookiin Labsii Bulchiinsa Taaksiitiin yakka taaksii dhoksuu yookiin waliin dhahuutiin himatamee kan itti murtaa'e yoo ta'e;
  - (b) Iyyataan bu'uura seera kamiiniyyuu yakka amantaa hir'isuu yookiin waliin dhahuutiin himatamee kan itti murtaa'e yoo ta'e;
  - (c) Iyyataan:
    - (i) kan kasaare yookiin idaa isaa kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e;
    - (ii) Sababa kasaaraatiin qabeenyi isaa kan qulqulla'a jiru yookiin abbaan imaanaa kan itti moggaafame yoo ta'e.
  - (d) Iyyatni kan dhiyaate oomishoota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu oomishuuf yoo ta'e, warshaan, kan ittiin oomishu, meeshaan oomisha sana oomishuuf yookiin meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu hordofuudhaaf iyyatichaan ibsaman gahaa yoo hin taane;
  - (e) Iyyataan bu'uura tumaa seera taaksii kamiiniyyuu gal mee herrega sirrii kan hin qabanne, yookiin dirqama seera taaksii kamiiniyyuu irratti buufame kan hin bahatin yookiin bu'uura Abbaa Taayitaa irraa gaafatameen yeroo murtaa'e keessatti dirqama gal mee herregaa qabachuu seenuuuf hayyamamaa yoo hin taane;
  - (f) Nama iyyataa Keewwata Kana Keewwata Xiqqaa 2 (a) (b) (c) fi (e) jalatti ibsame wajjiin walitti dhufeenya qabu kan ilaallatu yoo ta'e, Keewwatni kun raawwatiinsa kan qabaatu namni iyyataa wajjiin qunnamtii qabu damee hojii hayyamni itti gaafatame irratti kan bobba'u ta'uuf Abbaan Taayitaa yeroo shakkii gahaa kan qabu ta'utti dha.
- 3) Abbaan Taayitaa barbaachisaa ta'ee yoo argame hayyama bu'uura Labsii kanaatiin kenuun walqabatee ulaagaan yookiin daangaawan waliigaltee akka jiraatan taasisuu ni danda'a.
- 4) Abbaan Taayitaa nama bu'uura Labsii kana Keewwata 18 tiin iyyata dhiyeffateef guyyaa iyyatni dhiyaate irraa eegalee kan lakkaa'amu guyyaa 30 keessatti murtii kenname barreeffamaan ibsuu qaba.
- 5) Iyyanni kufaa kan taasifame yoo ta'e, sababni kufaa itti taasifame ibsamufii qaba.
- 6) Hayyamni bu'uura Labsii kanaatiin Abbaa Taayitaatiin kennamu guyyaa hayyamni kenname irraa eegalee kan ragga'u ta'ee, akkaataa Labsii kana Keewwata 23 tiin yoo haqame malee yeroo hin murtaa'iniif kan turu ta'a.

## 20. Qabiyyee Hayyamaa

- 1) Hayyamni bu'uura Labsii kana Keewwata 19 tiin kennamu akkaataa unkaa mirkanaa'een kan kennamu ta'a.
- 2) Hayyamni nama meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu oomishuuf kennamu kanneen armaan gadii qabachuu qaba:
  - (a) Ramaddii yookiin ramaddiwwan meeshaa taaksiin eksaayizii itti kaffalamu;
  - (b) Warshaan yookiin warshaalee oomishaan oomishoota akka ittiin oomishu hayyamameef.
- 3) Warshaan bu'uura Keewwata kanaatiin hayyama kennameen ibsame oomishuu kan danda'u ramaddii yookiin ramaddiwwan meeshaa taaksiin eksaayizii itti kaffalamu qofaa dha.
- 4) Warshaan bu'uura Keewwata kanaatiin hayyama kennameen ibsameen meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti kaa'me oomishuu kan danda'u nama hayyama irratti oomishaa jedhamuu ibsame qofaadha.
- 5) Hayyamni nama hojii tajaajilota taaksiin eksaayizii irratti buufame dhiyeessuu irratti bobba'eef kennamu tajaajila kennamu kan ibsu ta'uu qaba.

## **21. Dirqamoota Nama Hayyamni Kennameefii**

- 1) Namni hayyamni kennameef kanneen armaan gadii raawwachuuf dirqama qaba:
  - (a) Koppii hayyama kennameef Waajjira Muum mee Hojii Daldalaa keessatti iddo ifatti mul'atutti maxxansuu;
  - (b) Tajaajilota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu ilaachisee koppii hayyamaa mirkanaa'e iddo hojii daldalaa itti adeemsisu hundatti maxxansuu.
- 2) Namni hayyamni kennameef odeeffannoowwan armaan gadii Abbaa Taayitaaf beeksiisa barreeffamaatiin erguuf dirqama qaba:
  - (a) Hojii hayyamni itti kenname kan dhaabe yoo ta'e;
  - (b) Oomishaan hayyamameef maqaa hojii ijoo ittiin waamamu, teessoo hojii , iddo hojicha itti raawwatu, abbummaa, dambii ittiin bulmaataa yookiin amala hojii kan jijiire yoo ta'e;
  - (c) Oomishaan hayyamameef sochii hojii yeroo murtaa'eef kan addaan kute yoo ta'e; yookiin
  - (d) Oomishaa hayyamameef ilaachisee meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu oomishuuf itti fayyadamu warshaan yookiin kan ittiin oomishamu fi meeshaa hayyamaan ibsame irratti jijiiramni kan taasiifame yoo ta'e.
- 3) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin beeksifni Abbaa Taayitaaf ergamu yeroo armaan gadii keessatti akka dhaqqabu taasifamuu qaba:

- (a) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2(c) tiin beeksifni dhiyaatuun walqabatee hojiin daldalaa kan cufame haala hin karoorfamneen yoo ta'e, haalli hojii daldalaa kana cufuuf sababa ta'e guyyaa mudate irraa eegalee guyyoota 7 keessatti;
- (b) Haala biroo kamiiniyyuu beeksisa erguuf haalli sababa ta'e mudatee guyyoota 7 keessatti Abbaa Taayitichaaf akka dhaqqabu taasifamuu qaba.

**Kutaa Xiqqaa Sadi**  
**Hayyama Dhorkuu fi Haquu**

## **22. Hayyama Dhorkuu**

- 1) Abbaan Taayitaa sababoota armaan gadii keessaa isa tokkoon hayyama bu'uura Labsii kanaatiin kennname dhorkuu ni danda'a:
  - (a) Hojii daldalaa nama hayyamni kennnameef wajjiin walqabatee akkaataa Labsii kana Keewwata 21 (2) (a), (b) yookiin (c) tiin haalonni tarreeffaman kan mudatan yoo ta'e;
  - (b) Namni hayyamni kennnameef bu'uura Labsii kanaatiin yookiin Labsii Bulchiinsa Taaksiitiin galmee herregaa barbaachisu kan hin qabanne yookiin dirqama Labsii kanaan irratti buufame kamiiyuu kan hin bahanne yoo ta'e;
  - (c) Namni hayyamni kennnameef haalawwan hayyamaan ibsaman kan cabse yoo ta'e;
  - (d) Namni hayyamni kennnameef Abbaa Taayitaatiif odeeffannoo sobaa yookiin dogongorsu kan kenne yoo ta'e;
  - (e) Oomishaan hayyamameef, oomishoota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu oomishuuf warshaan, kan ittiin oomishu yookiin meeshaan hayyamaan ibsame yeroo sana booda quubsaa ta'anii kan hin argamne yoo ta'e.
- 2) Abbaan Taayitaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin hayyama kan dhoorke yoo ta'e, hayyamni dhoorkamuu isaa beeksisa barreeffamaan nama hayyamni laatameef kennuu qaba.
- 3) Hayyama dhorkuuf murtiin kennname raawwatiinsa kan qabaatu akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin guyyaa beeksifni kennname irraa eegaleeti.
- 4) Namni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin hayyamni isaa dhorkamuu beeksifni kennnameef guyyaa beeksifni kuni isa dhaqqabee irraa eegalee guyyoota 14 keessatti yookiin yeroo dabalataa Abbaan Taayitaa kennu keessatti dhorkii mormuun ol'iyyata barreeffamaa Kutaa Dhaabbii Komii Taaksiitti dhiyeessuu ni danda'a.
- 5) Namni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin dhorkaa mormuudhaan ol'iyyata kan dhiyeeffate yoo ta'e, Abbaan Taayitaa iyyatni isa dhaqqabee guyyaa 14 keessatti:

- (a) Namni hayyamni isaa dhorkame hanqinoota dhorkiif sababa ta'an guutee akka dhiyaatu baarreeffamaan beeksisu;
  - (b) Yeroo beeksisaan kennname keessatti hanqinoota sirreessee yoo dhiyaate dhorkii hayyamaa kaasuu;
  - (c) Ol'iyyaticha kufaa gochuu fi bu'uura Labsii kana Keewwata 23 tiin hayyamicha haquu ni danda'a.
- 6) Abbaan Taayitaa yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti ilaallame keessatti tarkaanfiwwan Keewwata Xiqqaa kana jalatti ibsaman kan hin fudhanne yoo ta'e dhorkaan hayyamaa akka ka'etti lakkaawama.

### **23. Hayyama Haquu**

- 1) Abbaan Taayitaa haalawwan armaan gadiitiin beeksisa barreeffamaa kennuudhaan hayyama haquu ni danda'a:
  - (a) Abbaan Taaytaa bu'uura Labsii kana Keewwata 21(2) (a) tiin beeksifni kan isa dhaqqabe yoo ta'e;
  - (b) Namni hayyamni kennameef yeroo bu'uura Labsii kana Keewwata 22(4) jalatti murtaa'e keessatti dhorkaa hayyamaa mormuudhaan ol'iyyata kan hin dhiyeeffanne yoo ta'e;
  - (c) Namni hayyamni kennameef akkaataa Labsii kana Keewwata 22(5) (b) tiin beeksisa kennameefiin yookiin yeroo dabalataa Abbaa Taayitaatiin kennname keessatti dhimmoota beeksisichaan ilaallaman kan hin guunne yoo ta'e;
  - (d) Abbaan Taaytichaa ol'iyyannoo bu'uura Labsii kana Keewwata 22 (5) (c) tiin sababa dhorkamuu hayyamaatiin dhiyaate kufaa kan taasise yoo ta'e.
- 2) Haqiinsi hayyama raawwatiinsa kan qabaatu guyyaa beeksisa hayyamni haqamuu ibsame irraa eegaleeti.
- 3) Namni hayyamni kennameef haqamuu hayyamaatiin beeksisa taaksii eksaayizii dhiyeessuu fi kaffaluu dabalatee yeroo hayyamni hojiirra turetti sababa gocha kamiiyuu raawwateef yookiin hin raawwanneef bu'uura Labsii kanaan yookiin Labsii Bulchiinsa Taaksiitiin itti gaafatatumummaa qabu hin hambisu.

### **24. Dhorkamuun Yookiin Haqamuun Hayyamaa Bu'aa Hordofsiisu**

- 1) Oomishaan hayyamni kennameef, hayyamni isaa kan dhorkame yookiin kan haqame yoo ta'e;
  - (a) Oomishaan:
    - (i) Hojii meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame oomishuu battalumatti dhaabuu qaba;

- (ii) Meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufame kan harka isaatti argaman kan taaksiin eksaayizii irratti hin kaffalamin battalumatti kaffaluu qaba;
  - (iii) Bu'uura qajeelfama yookiin ajaja Abbaa Taayitaa irraa kennamuufiin meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu warshaa oomishaa keessaa dhabamsiisuu qaba.
- (b) Abbaan Taayitaa:
- (i) Meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu warshaa keessatti argaman gara iddo Abbaa Taayitaan mirkanaa'etti akka naanna'u ajajuu; fi
  - (ii) Dirqamoonni Labsii kanaan tumaman raawwatamuun isaanii mirkaneessuu fi galii mootummaa sassaabuuf bu'uura Labsii Buclchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Laakkoofsa 203/2009 Keewwata 43tiin Warshaa oomishaa fi meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu warshaa keessatti argaman qabuu ni danda'a.
- 2) Tajaajiloota taaksiin eksaayizii itti kaffalamuu dhiyeessuuuf namni hayyamni kennameef kan jalaa haqame yookiin dhorkame yoo ta'e abbaan hayyamaa:
- (a) Tajaajiloota taaksiin eksaayizii itti kaffalamuu dhiyeessuuuf dhaabuu qaba;
  - (b) Tajaajiloota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu irratti taaksii hin kaffalamin kaffaluu;
  - (c) Tajaajiloota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu dhiyeessuuuf hayyamni isaa haqamee ykn dhorkamee kan hin dhaabne yoo ta'e taajaajila dhiyeesseetti taaksii kaffaluu qaba.
- 3) Fichisiisaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 kan irratti raawwatamuun ala jiru hayyamni isaa dhorkame yookiin haqame sochii hojii hayyamni itti kennameef battalumatti dhaabuu qaba.
- 4) Abbaan Taayitaa sababa dhorkamuu yookiin haqamuu hayyamaatiin baasiin baase akka bakka bu'uuf nama hayyamni kennameef beeksisa barreeffamaa kennuufii ni danda'a.
- 5) Baasiin akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin bahe raawwii Labsii kanaatiif akka taaksiitti lakcaa'ama.

- 25. Hayyama Dhorkuun yookiin Haquun Dura Akeekkachiisa Abbaan Taayitaa Kennuu Qabu**
- 1) Abbaan Taayitaa bu'uura Labsii kanaatiin hayyama kennamae dhorkuuf yookiin haquu kan yaade yoo ta'e, guyyoota 21 dura akeekkachiisa barreeffamaa haalota tarkaanfichaaf sababa ta'anii fi dhimmoota sirreeffachuu qabu ibsu abbaa hayyamaatiif kennuu qaba.

- 2) Abbaan hayyamaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin akeekkachiifni dhaqqabee guyyoota 21 keessatti tarkaanfiwwan sirreffamamaa Abbaa Taayitaatiin gaafataman fudhachuu qaba.
- 3) Abbaan Taayitaa gabaasni tarkaanfiwwan sirreffamamaa abbaa hayyamatiin fudhatame dhaqqabee guyyoota 14 keessatti tarkaanfiwwan fudhataman gahaa ta'uu yookiin tarkaanfiwwan akeekkachiisaan ibsaman kan fudhatame ta'uu ibsuu ni danda'a.
- 4) Abbaan hayyamaa tarkaanfiwwan akeekkachiisaan ibsaman kan fudhataman ta'uu akka beku taasifame komii yoo qabaate, murtiin kennamee guyyoota hojii 10 keessatti Kutaan Dhaabbi Komii iyiyata dhiyeffachuu ni danda'a.
- 5) Kutaan Dhaabbi Komii iyiyatni isa dhaqqabee guyyaa hojii 10 keessatti komii dhiyaate irratti murtii kennuu qaba.
- 6) Abbaan hayyamaa murtii Kutaan Dhaabbi Komii kenne irratti komii yoo qabaate murtiin kennamee guyyaa hojii 14 keessatti Boordii Ol'iyyannoo Taaksiitiif ol'iyyata isaa dhiyeffachuu ni danda'a.
- 7) Boordiin Ol'iyyannoo, ol'iyyannoo itti dhiyaate guyyaa hojii 7 keessatti Abbaa Taayitaa akka dhaqqabu taasisuu qaba.

## **26. Ol'iyyannoo**

- 1) Boordiin Ol'iyyannoo Taaksii Labsii kana Keewwata 25 Keewwata Xiqqaa 6 tiin ol'iyyannoo dhiyaateef ulaagaa fi yeroo Labsii Bulchiinsa Taaksiitiin tumame irratti hundaa'uun qoratee murtii kennuu qaba.
- 2) Abbaan hayyamaa murteen Boordiin Ol'iyyannoo Taaksiin yookiin Abbaa Taayitaan kenname dogoggora seeraa qaba jedhee yoo amane, murtiin kennamee guyyoota hojii 30 keessatti ol'iyyannoo isaa Mana Murtii Olaanaatiif dhiyeffachuu ni danda'a.

### **Kutaa Afur**

### **To'anno Taaksii Eksaayizii**

## **27. Meeshaalee Taaksiin Eksaayizii Itti Kaffalamu Irratti To'anno Taasifamu**

- 1) Meeshaalee warshaa oomishaa keessatti argaman irratti to'annoon taaksii eksaayizii Abbaa Taayitaatiin ni taasifama.
- 2) To'annoon bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin taasifamu yeroo armaan gadiitti tarreeffame keessaatti ta'a:
  - (a) Meeshaaleen warshaa oomishaa keessatti argaman biyya keessatti faayidaa irra akka oolan warshaa keessaahanga bahanitti;
  - (b) Meeshaaleen gara biyya alaa hanga ergamanitti; yookiin

- (c) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 fi 4 tiin yookiin Labsii kana Keewwata 10 Keewwata Xiqqaa 1(h)tiin meeshaaleen tajaajilaan ala hanga taasifamanitti yookiin dhabamsifamanitti.
- 3) Abbaan Taayitaa meeshaaleen yeroo to'annoo taaksii eksaayizii jala jiranitti abbaan meeshaalee, meeshaalee kanneen akka isa harkaan gahu gaafachuu ni danda'a.
- 4) Meeshaaleen bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin Abbaan Taayitaa harka gahan bu'uura qajeelfama yookiin ajaja Abbaan Taayitaa kennun baasii abbaa qabeenyichaatiin akka gurguraman yookiin tajaajilaan ala akka ta'an taasifamuu yookiin dhabamsifamuu ni danda'u.
- 5) Meeshaaleen hanga to'annoo taaksii eksaayizii jala jiranitti:
- (a) Hojjetaan Abbaa Taayitaa, Abbaa Taayitichaatiin aangoon kennameef yeroo kamiiyuu meeshaalee kanneen sakatta'uu ni danda'a.
- (b) Meeshaalee to'annoo taaksii eksaayizi jala jiran ilaalchisee nama bu'uura Labsii kanaatiin Abbaa Taayitaatiin hayyamameefiin alatti namni kamiiyuu meeshaalee warshaa keessaa baasuu yookiin karaa biroo kamiiniyyuu gochaa meeshaalee kana ilaalu kamiiyuu raawwachuu hin danda'u.

## **28. Dirqama Oomishaa Meeshaalee Taaksiin Eksaayizii Itti Kaffalamu To'annoo Taaksii Eksaayizii Jala Jiran Ilaalchisee Hayyamni Kennameef**

- 1) Meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu to'annoonaan taaksii eksaayizii irratti taasifamu sirna qabiinsa herregaa sirrii ta'een kan galmaa'an ta'u mirkaneessuuf oomishaan hayyamameef:
- (a) Abbaan Taayitaa meeshaalee dheedhii yookiin meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu warshaa keessatti argaman galmeessuuf, ulfaatina isaanii safaruuf, to'achuuf, lakkaa'uu akka danda'uuf yookiin akka barbaachisummaa isaatti hojiiwwan to'annoo walfakkaataa biroo akka raawwatu warshaa keessatti safartuun yookiin lakkooftuun meeshaalee akka jiraatanii fi haalaan akka eegaman taasisuu;
- (b) Meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalaman warshaa keessatti argaman haala to'annooguutuu ta'e taasisuu dandeesisuun kaa'uu;
- (c) Bu'uura unkaa mirkanaa'een galmees meeshaalee dheedhii raawwachuu, keessumattuu adeemsa oomishuutiin meeshaalee dheedhii fi galteewan faayidaa irra akka oolan warshichi harkaan gahate unka irratti galmeessuu fi dhuma ji'ootaa irratti sirrummaa madaallii galmichaa mirkaneessuu;
- (d) Bu'uura unkaa mirkanaa'een galmees oomishaalee dhuma raawwachuu fi meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu warshichaan oomishamanii fi

warshichaa bahan unkicha irratti galmeessuu fi dhuma ji'ootaa irratti sirrummaa madaallii galmichaa mirkaneessuu;

- (e) Meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu warshicha keessatti faayidaa irra oolan irratti taaksiin eksaayizii kan itti kaffalame ta'u mirkaneessuu;
  - (f) Qajeelfama Abbaan Taayitichaa baasuun haalawwan akka guutaman gaafataman guutuuf dirqama qaba.
- 2) Abbaan Taayitaa raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (a) tiif Qajeelfama baasuun safartuu yookiin lakkooftuu barbaachisaa ta'anii fi amaloota barbaachisoo meeshaalee biroo murteessuu ni danda'a.
- 3) Abbaan Taayitaa:
- (a) Raawwatiinsa Labsii kanaatiif barbaachisaa yoo ta'e, yeroo kamiyyuu saamuda meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamuu oomishaa irraa bilisaan fudhachuuf mirga ni qaba;
  - (b) Saamudawwan bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3(a) tiin fudhate bu'uura murtii isaatiin dhabamsiisuu yookiin oomishaaf deebisuu ni danda'a;
  - (c) Haala murtee barreffamaatiin abbaan meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamuu hanga taaksii eksaayizii osoo hin kaffalamiin gabaaf ooluu hin dandeenye samuudawwan warshicha irraa akka fudhatu hayyamuu ni danda'a.

## **29. Warshaa Alkoolii Calaluun Alatti Meeshaa Alkoolii Calalu Qabachuu Yookiin Fayyadamuu Dhorkaa Ta'u**

- 1) Warshaa alkoolii akka calaluuf hayyamni kennameefiin alatti namni kamiyyuu meeshaa alkoolii calalu qabachuu yookiin fayyadamuu hin danda'u.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegamanitti ta'ee, Abbaan Taayitaa sababoota armaan gadiitiin namni biroo meeshaa alkoolii calalu akka qabatu yookiin akka itti fayyadamu hayyamuu ni danda'a:
  - (a) Meeshaa alkoolii calalu gurgurtaaf kan oomishu yookiin kan qabatu yoo ta'e;
  - (b) Meeshichi kan qabatame yookiin faayidaa irra kan oolu kaayyoo yaaliitiif, qo'annootiif yookiin qorannoo saayinsiitiif yoo ta'u; yookiin
  - (c) Meeshaan alkoolii calalu kan qabatame yookiin faayidaa irra kan oolu dhugaatiwwan alkooliitiin alatti oomisha biroo oomishuuuf yoo ta'u.

## **30. Meeshaalee Warshaa Irraa Bahii Akka Ta'anitti Lakkaa'amani**

- 1) Oomishaan hayyamameef baay'ina meeshaa taaksiin eksaayizii itti kaffalamu warshaadhaan oomishame haala Abbaa Taayitaa amansiisuun ragaan mirkaneessuu yoo hin dandeenye, meeshaa ji'a tokko keessatti oomishameera jedhamee fi oomishamuu

danda'a jedhamee tilmaamamu gidduu jiru to'annoo taaksii eksaayiziitiin alatti warshichaa irraa bahii akka taasiseetti lakkaa'ama.

- 2) Oomishaan hayyamameef sanada meeshaa sirnaan oomishee fi kan oomishame ittiin galmeessu irratti garaagarummaan jiraachuu yoo beeke, haala kana battalumatti Abbaa Taayitaatiif beeksisuu qaba.

### **31. Teembira Eksaayizii fi Mallattoowwan Biroo**

- 1) Abbaan Taayitaa Qajeelfama baasuun kanneen armaan gadii murteessuu ni danda'a:
  - (a) Meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu kan teemberri eksaayizii itti maxxanfamuu qabu;
  - (b) Mallattoo oomishaalee alkoolii taaksii eksaayizii irraa bilisa ta'an irratti taasifamuu qabu;
  - (c) Sirna bulchiinsaa meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamuu kan teembira eksaayizii fi mallattoolee biroo itti maxxanfamu;
  - (d) Yeroo fi iddo teembirri eksaayizii yookiin mallattooleen biroo itti maxxanfaman.
- 2) Abbaan Taayitaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin teembira eksaayizii fi mallattooleen biroo meeshaalee irratti akka maxxanfaman ajajaman gosaa fi qabiyyee isaanii gaazexaa akka naannootti dubbifaman irratti yoo xiqaate yeroo lamaaf beeksisa ni baasa.
- 3) Meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu gabaa biyya alaatiif kan oomishaman yookiin namoota gabatee 2 Labsii kana wajjiin walqabatee jiru lakkofsa 2 fi 3 jalatti tarreeffamaniif yoo ta'e, meeshaalee kanneen irratti hordoffii fi to'annoo taasifamuuf akka tolutti haala Abbaan Taayitaa murteessuun meshaalee kanneen irratti mallatoon addaa taasifamuu qaba.
- 4) Bu'uura Qajeelfama Abbaan Taayitaa baasuun teembirri eksaayizii maxxanfamuun duratti namni kamiiyyuu meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin tarreeffaman tembirri eksaayizii akka itti maxxanfamu iddo kaa'aman irraa sochoosuu hin danda'u.
- 5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kan tumame jiraatus, Abbaan Taayitaa haala addaatiin fi dursee Abbaa Taayitaa irraa hayyamni kan argame yoo ta'e meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalaman teembirri eksaayizii osoo itti hin maxxanfamin to'annoo eksaayiziitiin ala akka ta'an gochuu ni danda'a.

**Kutaa Shan**

**Herrega Deebi'u**

### **32. Herrega Deebi'u**

- 1) Meeshaaleen taaksiin eksaayizii itti kaffalamu biyya keessatti oomishaman yookiin biyya alaa irraa galan taaksiin eksaayizii erga itti kaffalamee booda haalota armaan gadii keessaa tokko kan mudate ta'uu Abbaan Taayitaa kan mirkaneeffate yoo ta'e, bu'uura iyyata barreeffamaa oomishaa yookiin fichisiisaadhaan dhiyaatuun taaksii eksaayizii kaffalamee ture akka deebi'u taasifamuu ni danda'a:
  - (a) Biyya keessatti faayidaarra ooluu isaaniitiin duratti:
    - (i) Meeshaaleen gara biyya keessaatti osoo geejibsifamaa jiran faayidaan ala kan ta'an yookiin kan hataman yoo ta'e;
    - (ii) Meeshaaleen to'annoo taaksii eksaayizii jala jiran faayidaan ala kan ta'an yookiin kan hataman yoo ta'e;
    - (iii) Bu'uura waliigaltee gurgurtaatiin bitataan meeshicha gurguraaf kan deebise yoo ta'e.
  - (b) Taaksiin eksaayizii erga kaffalame booda nama hayyamni kennamefiin yookiin oomishaa galmaa'een meeshaalee taaksii eksaayizii irraa bilisa ta'an oomishuuuf kan oolan yoo ta'e.
- 2) Namni hayyamameef meeshaalee yookiin tajaajiloota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu haalota Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tarreeffaman kan guutan akkasumas taaksii eksaayizii kan kaffalee fi meeshaalee yookiin tajaajiloota kanneeniif bitataa irraa kaffaltii gosa kamiiyyuu kan hin fudhatin ta'uu ragaadhaan mirkaneessuu kan danda'u yoo ta'e, taaksiin eksaayizii akka deebi'uuf iyyata barreeffamaa Abbaa Taayitaatiif dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 3) Abbaan Taayitaas namni hayyamameef meeshaalee yookiin tajaajiloota kanneen irratti taaksii eksaayizii gosa kamiiyyuu kan hin fudhatin ta'uu yammuu mirkaneessu taaksiin eksaayizii kaffalamee ture akka deebi'u taasisuu ni danda'a.
- 4) Gaaffiin naaf haa deebi'u bu'uura Keewwata kana Keewwata xiqqaa 2 tiin dhiyaatu kanneen armaan gaditti tarreeffaman keessaa yeroo dursu keessatti dhiyaachuu qaba:
  - (a) Guyyaa meeshaaleen yookiin tajaajilootni gurguraman irraa eegalee kan lakkaawamu yeroo wagga tokko keessatti; yookiin
  - (b) Bitataan seeraan kan kasaare ta'uun isaa yeroo mirkanaa'etti.
- 5) Iyyatni taaksiin eksaayizii akka deebi'u bu'uura Keewwata kanaatiin dhiyaatu:
  - (a) Bu'uura unkaa mirkanaa'ee; fi
  - (b) Akkaataa Abbaa Taayitaatiin murtaa'uun ta'ee, bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin gaaffii naaf haa deebi'u dhiyaatu ilaalcissee taaksiin eksaayizii kaffalamee ji'oota 12 keessatti dhiyaachuu qaba.

- 6) Hangi taaksii eksaayisii bu'uura Keewwata kanaatiin akka deebi'u taasifamu kan murtaa'u akkaataa Labsii Bulchiinsa Taaksiitiin tumameen ta'a.
- 7) Meeshaalee gara biyya keessaatti erga galaniin booda deebi'anii gara biyya alaatti ergaman irratti taaksiin eksaayizii kan kaffalame yoo ta'e, meeshaalee gara biyya alaatti ergaman irratti taaksiin kaffalame bu'uura Labsii Gumruukaatiin tumameen akka deebi'u taasifama.
- 8) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 tiin taaksiin eksaayizii deebii erga taasifamee booda namni hayyamni kennameef taaksii eksaayizii guutummaatti yookiin gar-tokkeen bitataa irraa kan fudhate yoo ta'e, taaksii eksaayizii fudhatee guyyoota 30 keessatti taaksii eksaayizii deebii ta'eef hanga fudhateen Abbaa Taayitaatiif deebisuu qaba.

**33. Meeshaaleen Taaksiin Eksaayizii Itti Kaffalamu Kan Deebiin Itti Kaffalamee Jiru Kan Gurguraman Yookiin Kaayyoo Hayyamameefiin Ala Faayidaarra Kan Oolan Yoo ta'e Taaksiin Eksaayizii Kan Itti Kaffalamu Ta'uu**

- 1) Labsii kanaan kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, meeshaaleen taaksiin eksaayizii itti kaffalamu erga kaffaltiin deebii raawwatameef booda kan gurguraman yookiin kaayyoo deebiin hayyamameefiin ala faayidaarra kan oolan yoo ta'e, taaksiin eksaayizii hangi isaa otoo deebiin hin hayyamamne ta'e meeshaalee kanneen irratti kaffalamuu malu itti kaffalama.
- 2) Kaayyoo kamiifiyyuu namni meeshaa kaffaltiin deebii taaksii eksaayizii raawwatameef harka isaa seene kaayyoo deebichi hayyamameefiin ala fayyadamuuuf yookiin gurguruuf kan barbaade yoo ta'e, haala facaatii meeshichi ittiin gurguramu yookiin faayidaarra ittiin oolu ilaalcisee gabaasa Abbaa Taayitaatiif dhiyeessuu fi taaksii eksaayizii meeshicha irratti kaffalamu qabu kaffaluu qaba.

**34. Meeshaaleen Taaksii Eksaayizii Irraa Bilisa Taasifaman Deebi'anii Gara Biyyaatti Kan Galan Yookiin Gurgurtaaf Kan Oolan Yoo ta'e Taaksiin Kan Itti Kaffalamu Ta'uu**

- 1) Labsii kanaan kan tumame akkuma eegametti ta'ee, meeshaaleen taaksiin eksaayizii itti kaffalamu gara biyya alaatti erga ergaman yookiin tiraafiika addunyaatiin xayyaaraan erga fe'amaniin booda deebi'anii faayidaa biyya keessaatiif akka oolan fe'iinsa irraa kan buufaman yoo ta'e, fichiisiisaan bu'uura taarifa ittiin kaffalchiifamu yeroo meeshaaleen buufamanitti hojiirra jiruun meeshaalee kanneen irratti taaksii eksaayizii kan itti kaffalu ta'a.
- 2) Meeshaaleen taaksiin eksaayizii itti kaffalamu taaksii irraa bilisa taasifamanii gara biyyaatti erga galan yookiin erga gurguramaniin booda irra deebi'iin gurgurtaaf kan

oolan yookiin kaayyoo hayyamameefiin ala faayidaarra kan oolan yoo ta' e, taaksiin eksaayizii itti kaffalama.

### **35. Meeshaaleen Taaksii Eksaayizii Irraa Bilisa Taasifaman Deebi'anii Kan Gurguraman Yookiin Kaayyoo Hayyamameefiin Ala Kan Oolan Yoo ta'e Taaksichi Kan Kaffalamu Ta'u**

- 1) Namni kamiyyuu akkaataa gabatee 2 Labsii kana wajjiin qabsiifameen meeshaalee taaksii eksaayizii irraa bilisa taasifaman gara biyyaatti erga galche yookiin erga bitee booda meeshaalee kanneen deebisee kan gurgure yookiin kaayyoo karoorfameefiin ala faayidaarra kan oolche yoo ta'e, bu'uura taarifa ittiin kaffalchiifamu guyya meeshaaleen gurguramanitti yookiin kaayyoo hayyamameefiin ala faayidaarra oolanitti hojiirra jiruun meeshaalee kanneen irratti taaksii eksaayizii kaffaluu qaba.
- 2) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jiraatus, konkolaattota taaksii eksaayizii irraa bilisa ta'uun gara biyyaatti galan ilaachisee namni uumamaa mirgi taaksii irraa bilisa ta'uun kennameef kan du'ee fi konkolaatichi dhaalaan dhaaltotaaf kan darbe yoo ta'e, taaksiin eksaayizii hin kaffalamu.

**Kutaa Jaha**

**Bulchiinsa Taaksii Eksaayizii**

### **36. Raawwatiinsa Labsii Bulchiinsa Taaksii**

Labsii kanaan kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Labsiin Bulchiinsa Taaksii, bulchiinsa taaksii eksaayizii ilaachisee raawwatiinsa ni qabaataa.

### **37. Galmee Qabachuu**

- 1) Namni bu'uura Labsii kanaatiin dirqamni taaksii eksaayizii kaffaluu irratti buufame kamiyyuu akkaataa Labsii kanaa fi Qajeelfama Abbaan Taayitaa baasuun tumameen galmee herregaa qabachuu qaba.
- 2) Namni dirqama taaksii eksaayizi kaffaluu qabu galmee herregaa yeroo turtii fi akkaataa Labsii Bulchiinsa Taaksiitiin tumameetiin eegee tursiisuu qaba.

### **38. Taaksii Eksaayizii Beeksisu**

Taaksiin eksaayizii ji'a kamiittuu kan kaffalamu ta'us ta'uun baatus, oomishaan hayyamameef herrega ji'a tokkoon tokkoo guyyaan 30<sup>ffaa</sup> ji'a itti aanu darbuun dura unkaa mirkanan'een fi akkaataa ajajameen Abbaa Taayitaaf beeksisu qaba.

### **39. Dirqama Taaksii Eksaayizii Kaffaluu Bahuu**

- 1) Oomishaan hayyamameef, meeshaalee ji'a tokko keessatti warshaa oomishaa keessaa baasii taasise irratti taaksii eksaayizii kaffaluu qabu guyyaan 30<sup>ffaa</sup> ji'a itti aanu darbuun dura Abbaa Taayitaatiif galii taasisuu qaba.
- 2) Namni tajaajiloota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu dhiyeessu, tajaajiloota ji'a tokkotti dhiyeesse irratti taaksii kaffaluu qabu guyyaan 30<sup>ffaa</sup> ji'a itti aanu darbuun dura Abbaa Taayitaatiif galii taasisuu qaba.
- 3) Fichisiisaan meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu qaban gara biyya keessaatti galche irratti taaksii eksaayizii kaffaluu qabu yeroo meeshaaleen kunniin gara biyyaatti galanitti Koomishiniin Gumuruukaa seera taaksii rogummaa qabuun taaksii eksaayizii kaffalchiisuun Abbaa Taayitaaf dhangalaasuu qaba.

**Kutaa Torba**

**Adabbiawan Bulchiinsaa fi Yakkaa**

### **40. Adabbii Bulchiinsaa**

- 1) Namni hayyama malee hojiiawan Labsii kana Keewwata 17 (1) (a) fi (b) jalatti tarreeffaman raawwate adabbii bulchiinsaa armaan gadii ni adabama:
  - (a) Labsicha Keewwata 17 (1) (a) darbee yoo argame, taaksii eksaayizii osoo hayyamni kennameeffii kaffaluu qabu dachaa isaa ni kaffala;
  - (b) Labsicha Keewwata 17 (1) (b) darbee yoo argame, taaksii eksaayizii meeshaalee taaksiin eksaayizii irratti buufamee teembiri eksaayizii itti maxxanfamuu qabu irratti kaffalamuu qabu dachaa isaa ni kaffala.
- 2) Oomishaan hayyamameef gochaa meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu iddo hayyama irratti ibsameen alatti oomishuu irratti bobba'e, adabbii maallaqaa taaksii eksaayizii meeshaalee kanneen irratti kaffaluu qabuu dachaa isaa ni kaffala.
- 3) Oomishaan hayyamameef, haala Labsii kana Keewwata 30(1) jalatti tumame raawwatiinsa qabaatuun meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu to'annoo taaksii eksaayiziitiin alatti warshaa keessaa baasii akka taasiisetti lakkaawamu adabbii maallaqaa taaksii eksaayizii meeshaalee kanneen irratti kaffalamuu qabu dachaa isaa ni kaffala.

### **41. Balleessaawan Yakkaa Hayyamaa fi To'annoo Taaksii Eksaayiziitiin Walqabatan**

- 1) Namni kamiyyuu tumaalee Labsii kanaa Keewwata 17(3), 20(4), 28(1), 29(1), 32(7), 33(2) fi 34 irra darbe adabbii hidhaa cimaa waggaa 3 hanga 5 fi adabbii maallaqaa qarshii 50,000 hanga 100,000 ni adabama.
- 2) Oomishaan hayyamameef iddoo hayyamaan ilaalamoon ala hojii oomisha meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu irratti bobba'uun isaa yoo mirkanaa'e, adabbii hidhaa cimaa waggaa 5 hanga 7 fi adabbii maallaqaa qarshii 100,000 hanga 200,000 ni adabama.
- 3) Oomishaan hayyamameef Labsii kana Keewwata 21 Keewwata Xiqqaa (1) fi (2) jalatti tumame irra darbee yoo argame, adabbii hidhaa cimaa waggaa 1 hanga 3 fi adabbii maallaqaa qarshii 100,000 hin caalleen ni adabama.
- 4) Namni kamiiyyuu:
  - (a) Labsii kana Keewwata 27 Keewwata Xiqqaa 3(b) darbuudhaan meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu to'annoo taaksii eksaayiziitiin ala warshaa oomishaa keessaa baasii kan taasise yoo ta'e;
  - (b) Hayyama osoo hin qabaatin iddoo meeshaaleen to'annoo taaksii eksaayizii jala jiran kuufamanii jiranitti kan seene yoo ta'e;
  - (c) Meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu to'annoo eksaayizii taksiitiin ala karaa hin hayyamamneen iddoo itti kuufaman irraa baasii taasisuudhaan, amala isaanii jijiiruun yookiin hojii to'annoo jeequudhaan kan tumse yoo ta'e, adabbi hidhaa cimaa waggaa 5 hanga waggaa 7 fi adabbii maallaqaa qarshii 100,000 hanga 200,000 ni adabama.
- 5) Namni kamiiyyuu meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu tumaa Labsii kanaatiin ala haala ta'een oomishaman yookiin taaksiin eksaayizii osoo itti hin kaffalamin meeshaalee warshaa itti oomishaman keessaa baasii ta'an kan bite yookiin osoo hin hayyamaminiif meeshaalee kanneen kan fudhate yookiin qabiyyee isaa jala kan taasise yookiin meeshaalee taaksiin eksaayizii itti hin kaffalamin gurgurtaaf kan oolche yoo ta'e, adabbii hidhaa cimaa waggaa 3 hanga 5 fi adabbii maallaqaa qarshii 100,000 hanga 200,000 ni adabama.
- 6) Namni bu'uura Labsii kana Keewwata 31 tiin teembira eksaayizii ilaachisee tumame darbee argame kamiyyuu, adabbii hidhaa waggaa 2 hanga 3 fi adabbii maallaqaa qarshii 50,000 hanga 100,000 ni adabama.

## **42. Raawwatiinsa Labsii Bulchiinsa Taaksii**

Balleessaawan bulchiinsaa fi yakkaa Labsii kanaan hin hammatamiin irratti tumaaleen Labsii Bulchiinsa Taaksii raawwatiinsa ni qabaata.

**Kutaa Saddeet**

**Tumaalee Adda Addaa**

**43. Taaksii Kaffaluu Dhiisuuf Waliigaltee Taasifamu**

- 1) Labsii kanaan kan tumame jiraatus, Abbaan Taayitaa:
  - (a) Waliigalteen taaksii eksaayizii akka hin kaffalamne dandeessisu kan taasifame ta'uu;
  - (b) Namni kamiiyyuu waliigaltee kana fayyadamuu faayidaa taaksii kan argate ta'uu; fi
  - (c) Qabiyyeen waliigaltichaa yammuu qoratamu, kaayyoon ijoo waliigaltichaa waliigalaan yookiin namni biroo kamiiyyuu faayidaa taaksii eksaayizii akka argatu ta'uu isaa hubachuun kan danda'amu yoo ta'e, waliigaltichi akka hin raawwatamneetti lakka'uun, namni faayidaa taaksii eksaayizii argate taaksicha akka kaffalu murteessuu ni danda'a.
- 2) Abbaan Taayitaa murtii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsame irra kan gahee yoo ta'e, beeksisa murtii haala kana ibsu nama taaksii kaffaluu qabuuf erguu qaba.
- 3) Abbaan Taayitaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin murtii kennuu kan danda'u ji'a dirqamni taaksii eksaayizii kaffaluu itti jalqabe guyyaa xumuraa irraa eegalee yeroo wagga 5 keessatti ta'a.
- 4) Raawwatiinsa Keewwata kanaatiif jecha:
  - (a) "**Waliigaltee**" jechuun waliigaluudhaan kan raawwatame, ifaan kan raawwatame yookiin hiikkaadhaan kan bira gahamu yookiin seera duratti raawwatiinsa kan qabu ta'us, ta'uu baatus gocha waliigaltee mijessuu, waadaa, karoora, yaada murtii yookiin dirqama seenuu ni dabalata.
  - (b) "**Faayidaa Taaksii**" jechuun:
    - (i) Dirqama taaksii eksaayizii kaffaluu irraa bilisa ta'uu dabalatee hanga taaksii eksaayizii kaffaluu qabu hir'isuu;
    - (ii) Mirga deebii taaksii eksaayizii argachuu hundeessuu;
    - (iii) Guyyaa dirqamni taaksii eksaayizii kaffaluu hojiirra itti oolu tursiisuu;
    - (iv) Guyyaa taaksiin eksaayizii itti kaffalamu tursiisuu faayidaa biroo kamiiyyuu argamsiisuu.
- 5) Faayidaa kanneen armaan gaditti terreeffaman kan argamsiisu:
  - (a) Meeshaalee yookiin tajaajilota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu akka taaksiin kun itti hin kaffalamne taasisuu;

(b) Meeshaalee yookiin tajaajiloota taaksiin eksaayizii itti kaffalamu taaksii eksaayizii xiqqaa akka itti kaffalamu taasisuu.

#### **44. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu**

- 1) Manni Marii Bulchiinsaa Dambii Labsii kana hojiirra oolchuuf gargaaru baasuu ni danda'a.
- 2) Labsii kanaa fi Dambii bu'uura Labsii kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin bahu hojiirra oolchuuf Abbaan Taayitaa Qajeelfama baasuu ni danda'a.

#### **45. Tumaalee Ce'umsaa**

- 1) Labsii kana Kutaa 3 Kutaa Xiqqaa 1 tiin hayyama baasuu ilaachisee kan tumame jiraatus, namni meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu oomishuu yookiin tajaajila kennuu irratti bobba'e kamiiyuu hayyama qabaachuu baatuus yookiin galmaa'uu dhiisuus guyyaa Labsiin kun bahe irraa eegalee hanga ji'a 6 tti hojii meeshaalee taaksiin eksaayizii itti kaffalamu oomishuu yookiin gara biyyaatti galchuu yookiin tajaajila kennuu raawwachuu ni danda'a.
- 2) Labsiin kun hojiirra ooluun dura meeshaalee oomishamanii taaksiin eksaayizii itti hin kaffalamin irratti taaksiin eksaayizii kan shallagamuu fi sassabamu bu'uura Labsii kanaatiin ta'a.
- 3) Meeshaalee guyyaa Labsiin kun ragga'uun dura hayyamni baankii itti kennamee fi guyyaa Labsiin kun ragga'e hojiirra itti oole irraa eegalee yeroo ji'a jaha keessatti gara biyyaatti galan irratti taaksiin eksaayizii kan buufamuu fi sassaabamu bu'uura tumaalee Labsii Taaksii Eksaayizii, Lakkofsa 76/1995 (akka fooyya'etti) tiin ta'a.
- 4) Taaksiin eksaayizii guyyaa Labsiin kun ragga'uun dura sassabamuun irra ture garuu hin sassabamin hafe bu'uura tumaalee Labsii Taaksii Eksaayizii, Lakkofsa 76/1995 (akka fooyya'etti) tiin sassaabama.

#### **46. Seerota Haqamanii fi Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

- 1) Labsiin Taaksii Eksaayizii Lakkofsa 76/1995 (akka fooyya'etti) haqamee Labsii kanaan bakka bu'ee jira.
- 2) Labsiin, Dambiin, Qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiiyuu Labsii kana ilaachisee raawwatiinsa hin qabaatu.

#### **47. Yeroo Labsichi Hojiirra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyaa Caffeen ragga'e irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, Guraandhala 21 Bara 2013

Shimallis Abdiisaa  
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

**Gabatee 1**

**Taarifa Meeshaalee Taaksiin Eksaayizii Irratti Buufamu**

Koodii/ Keewwata	Lakkoofsa Taarifaa	Gosa meeshaa	Taarifa Taaksii
1. Coomaa fi Zayita			
15.01 ~ 15.15		Coomaa fi zeeyita beeyladaa yookiin kuduraa fi bu'aalee kanneenii nyaataaf kan qophaa'e, giraama 100 keessaa giraamni 40 yookiin sana caalaan cooma itite (saturated) ta'e kan qabate yookiin hanga cooma itite isaa ibsa itti	%30

		maxxanfame irraa beekuun hin danda'amne	
15.16		Coomaa fi zeeyita beeyladaa yookiin kuduraa nyaataaf qophaa'e giraama 100 keessaa giraamni 40 yookiin sana caalaan cooma itite (saturated) ta'e kan qabate yookiin giraama 0.5 yookiin sana caalaan cooma fayyaaf balaafamaa ta'e kan qabate yookiin hanga cooma itite isaa ibsa itti maxxanfame irraa beekuun hindanda'amne fi gar-tokkeen yookiin guutumaan guututti haydiroojiniin itti dabalame.	%40
15.17		Maargaarinii nyaataaf qophaa'e, giraama 100 keessaa giraamni 40 yookiin sana caalaan cooma itite (saturated) ta'e kan qabate yookiin giraama 0.5 yookiin sana caalaan cooma fayyaaf balaafamaa ta'e kan qabate	%50
2. Sukkaaraa fi Nyaatawwan Mi'aawoo Sukkaara Irraa Argaman			
17.01	1701.1200	Sukkaara gosa kamiyyuu (bifa jajjaboonis ta'e dhangala'atiin qophaa'e), moolaasasi osoo hin dabalatin, sukkaara maappilii fi nadhii maappilii,	%20
	1701.1400		
	1701.9100		
	1701.9900		
17.02	1702.2000		
17.04	1704.1000	Haancoo, sukkaara dibamuus dibamuu baatus	%30
17.04	1704.9000	Nyaatawwan mi'aawoo sukkara irraa argaman cheekoleetii adii dabalatee; kaakaawoo kan of-keessaa hin qabne	
3. Qophiwwan Nyaataa Chekolaatii fi Kaakaawoo Of-keessaa Qaban			
18.06	1806.1000,	Nyaata chekolaatii fi kaakaawoo of-keessaa qaban qophaa'an, nyaatawwan daa'immanii fi dhukkubsattootaa osoo hin dabalatiin	%30
	1806.2000,		
	1806.3100,		
	1806.3200,		
	1806.9090		

**4. Dhugaatiiwwan Lallaafaa Daakuu**

21.06	2106.9040	Dhugaatiiwwan lallaafaa daakuu	%25
-------	-----------	--------------------------------	-----

**5. Dhugaatiiwwanii fi Sibiirtoowwan**

**5.1 Dhugaatiiwwan alkoolii of-keessaa hin qabne**

22.01	2201.1000	Bishaan, bishaan albuudaa nam-tolchee yookiin uumamaa fi gaazii of-keessaa qabu mi'eessituun yookiin sukkaara kan itti hin dabalamne yookiin dhandhama akka qabaatan kan hin taasifamne warshaadhaan saamsaman	%10
	2201.9000		
22.02	2202.1000	Bishaan albuudaa sukkaara yookiin mi'eessituu biroo kan of-keessaa qaban yookiin dhandhama akka qabaatan kan taasifamanii fi gaazii of-keessaa qabanii, fi dhugaatiiwwan alkoolii hin qabne kamiyyuu, dhugaatiiwwan cuunfaa kuduraa fi muduraa fi fayyummaa namootaa fooyyessuuf qophaa'aniin ala	%25
	2202.9990		
	2202.9100	Biiraa alkoolii hin qabne	%25

**5.2 Dhugaatiiwwan Alkoolii fi Spiiriitoota**

22.03	2203.0000	Biiraa kamiyyuu, dhugaatiiwwan danfan (Siidaarii, Peerii, Meedi, Biiraa Oppaak), makaa dhugaatiiwwan danfanii fi alkoolii of-keessaa hin qabnee, istawutii, dhugaatiiwwan biroo biiraan wal-fakkaatan, daakuu biiraa, dhugaatiif kan qophaa'e (qabiyyeen alkoolii isaa %5 hin caalle)	%40 yookiin liitiriidhaan qarshii 11 lamaan keessaa kan caaluun
		Biiraa guutummaan guutuutti garbuu biyya keessatti biqileen omishame	%35 yookiin liitiriidhaan qarshii 9 lamaan keessaa kan caaluun
22.03	2208.9010	Biiraa bishaan osoo hin dabalatin yoo xiqlaate ulfaatinni isaa irraa %75 kan ta'u galtee biyya keessaatiin omishame	%30 yookiin liitiriidhaan qarshii 8 lamaan keessaa kan

			caaluun
22.04	2204.1000	Wayinii asheeta wayinii irraa qophaa'e kamiyyuu, wayinii	%40
	2204.2100	cimaa dabalatee, difdfa wayin xajjii, wayin xajjii danfuu fi	
	2204.2200	dhugaatiwwan alkoolii biroo muduraalee danfisuudhaan argaman	
22.04	2204.2900	Wayinii xajjii bishaan osoo hin dabalatin yoo xiqaate	%30
	2204.3000	ulfaatinni isaa irraa %75 kan ta'u galtee biyya keessaatiin omishame.	
22.05	2205.1000	Dhugaatiwwan danfan (Fkn Siidaarii, Peerii, Meedi)	%80
	2205.9000	makaa dhugaatiwwan danfanii fi alkoolii of-keessaa hin qabnee, alkoolii iteelii amalli hin jijiiramne ciminni qabiyyee alkolummaa isaa %80 ol yookiin gadi ta'e, spiiriitoota, liikarsii fi dhugaatiwwan biroo siibiirtoo qaban, alkoolii iteelii amalli isaa jijiiramee ciminni qabiyyee alkolummaa isaa %80 ol yookiin gadi kan ta'e, spiiriitoota, liikarsii, dhugaatiwwan biroo wuskii fi siibiirtoo qaban, wuskii, jiini, jenevaa, voodkaa, raamii fi sipiiriitoota bu'aawan agadaa shankooraa irraa argaman	
22.08	2208.3000	Alkoolii qulqulluu gosa kamiyyuu	%60
<b>6. Tamboo fi Bu'aawan Tamboo</b>			
24.01	2401.1000	Baala tamboo, tamboo warshaan hin omishamiin, bubu'aa	%20
	2401.2000	tamboo	
	2401.3000		
24.02	2402.2000	Sigaaraa	%30 + qarshii 8 paakkeetiin (habbaa 20)
	2402.1000	Sigaaraa, sigaaraaloosii, tamboo ujummoon xuuxamu,	
	2402.9000	suurratii fi bu'aawan tamboo biroo kamiyyuu.	
24.03	2403.1900		%30 + kiloogiraamaa n qarshii 250

	2403.9100		
	2403.9900		
7. Soogidda (Ashaboo)			
25.01	2501.0010	Soogidda/ashaboo	
	2501.0090		%25
8. Boba'aa Albuudaa, Zayita Albuudaa fi Bu'aawwan Albuudaa			
27.10	2710.1910	Ispiriitiwwan motoraa, boba'aa xayyaaraa, qophiiwwan fi zayitawan salphaa	
	2710.1920		
	2710.1950		%30
	2710.2010		
	2710.2020		
	2710.2050		
9. Shittoowwan, Tooyileet Waatarsii, Qophiiwwanii fi Bu'aawwan Bareedinaa fi Faayamuu			
33.03 33.04, 33.05	3303.0000	Shittoowwan, tooyileet waatarsii, qophiiwwanii fi bu'aawwan bareedinaa fi faayamuu, san iskiriinii fi shampoo hin dabalatu	
	3304.1000,		%100
	3304.2000,		
	3304.3000,		
	3304.9100,		
	3304.9900,		
10. Richitiwwan			
36.04	3604.1000	Richitiwwan	%100
11.Korojoowwan Pilaastiikaa (Feestaalii)			
39.23, 39.23	3923.2110,	Korojoowwan Pilaastiikaa (Feestaalii)	
	3923.2910,		Kiilogiraama
	3923.2910,		tokkotti
	3923.2920		qarshii 40
12. Gommaawwan			

40.11 ~ 4013	4011.1000 ~ 4013.9090	Gommaawwan konkolaataa pilaastika irraa hojjataman	%5
13. Huccuuwwan fi Bu'aalee Huccuuwwanii Warshaadhaan Omishaman			
50.07	5007.1010 5007.1090 5007.2010 5007.9010 5007.9090	Huccuuwwan shiminii, haarrii uumamaa shammaname, huccuu haarrii fakkaatu, naayiloonii, haarrii, huccuu akka addaatu godhame gar-tokkeen yookiin guutummaatti jirbii irraa hojjatame, huccuu halluu cuuphame yookiin halluun itti bocame, kumbula (blanket), ansoolaa, uffata siree, fooxaa, uffata minjaalaa dheerinaa fi ballina kamiinuu murame fi huccuuwwan wal-fakkaataa biroo warshaadhaan omishaman, agoobaraa fi abujadiin alatti.	%8
51.11 hanga ~ 51.13	5111.1110 ~ 5113.0090		
52.08 hanga ~ 52.12	5208.1100 ~ 5212.2500		
53.09 hanga ~ 53.11	5309.1190 ~ 5311.0090		
54.07	- 5407.1010 ~		
54.08	5408.3400		
55.12	- 5512.1110 ~		
55.16	5516.9400		
58.01 ~ 58.11 (58.08 irraa kan hafee),	5801.1000 ~ 5811.0000 (5802.1100, 5804.1010 irraa kan hafe)		
59.01 ~ 59.11 (59.02 irraa	5901.1000 ~ 5911.9000 (5902.1000,		

Kan Hafe),	5902.2000, 5902.9000 irraa kan hafe)		
57.01	5701.1000 ~ 5705.000	Afataalee	%30
60.01	~ 6001.1000 ~		
60.06	6006.9000		
62.01	~ 6201.1100 ~		
62.19	6217.9000	Huccuuwwan hodhaman	%8
63.01	~ 6310.1000 ~		
63.04	6304.9990		
<b>14. Abaabooawan Nam-tolchee, Meeshaalee Baalawwanii fi Firriwwan Irraa Hojjetaman</b>			
67.02	6702.1000, 6702.9010, 6702.9090	Habaabooawan nam-tolchee, meeshaalee habaabooawan, baalawwan fi firriwwanii fi kutaalee kanneenii nam- tolchee irraa hojjetaman.	%10
<b>15. Rifeensa Namaa, Beeyladaa fi Meeshaa Huccuuwwan Seenteetikii</b>			
67.03	6703.0000	Rifeensa namaa, kufaa rifeensa namaa, wiiglii, areeda	
67.04	6704.1100, 6704.1900, 6704.2000, 6704.9000	sobaa, rifeensa sobaa, nyaara sobaa, shifaalota sobaa, rifeensa beeyladaa, rifeensawwan meeshaalee huccuuwwan seenteetikii irraa hojjataman	%40
<b>16. Asbeestosii fi Bu'aalee Asbeestosii</b>			
68.11,	6811.4000, 6812.9100, 6812.9200, 6812.9300	Meeshaalee simintoo asbeestosii, simintoo faayibarii seeluloos yookiin kanneen fakkaatan irraa hojjetaman, faayibaroota asbeestosii warshaan hojjataman, ramaddiin	
68.12,	6812.8000,	isaanii asbeestos yookiin makaa maagnizhiyem	
68.13	6812.9900, 6813.2000	kaarboneetii kan ta'an, meeshaalee makaa kannen yookiin asbeestosii irraa hojjataman (Fkn Jibriwwan, huccuuwwan shammanaman, uffatawwan, mataan kan uffataman, kopheewwan, gaaskeettowwan), kan fooyyeeffaman ta'anis ta'uu baatanis meeshaalee sukkuumtuu asbeestosii qaban	%20

17. Meeshaalee Daaymandii Uumamaa Yookiin Aadeeffataman fi Dhakaawwan Kabajamoo Yookiin Kabajamoo Gar-Tokkee				
71.01 hanga 71.17 (71.15 malee),	7101.1000 hanga 7117.9090 (7108.2000, 7115.1000, 7115.9010 malee)	Faayawan (Daaymandii Uumamaa yookiin Aadeeffataman, faayaawan fi meeshaalee dhakaalee kabajamoo fi kabajamoo gar-tokkee, sibiilota kabajamoo fi sibiilota sibiila kabajamoon haguugaman irraa hojjetaman, maallaqa hir'ifamoo yookiin maallaqa kan ta'e osoo hin dabalatin		%20
18. Meeshaalee Waraabduu Yookiin Baay'istuu Viidiyoo, Simattuuwwan Tamsaasa Televizyinii, Kaameraa Suuraa Yookiin Viidiyoo				
85.21	8521.1000, 8521.9010, 8521.9090	Meeshaalee waraabduu yookiin baay'istuu viidiyoo; tiyuunara viidiyoo qabaatus qabaachuu baatus		%10
85.25	8525.8000	Kaameraa televizyinaa, kaameeraa dijitalaa, kaameraa viidiyoo rikoordarii		%10
85.27	8527.1310	Industiriwwan walitti hidhamanii yammuu fichisiisan meeshaalee sagalee waraabu yookiin dhageesisu wajjiin gar-tokkeen kan walitti hidhaman,		%10
85.27	8527.1390	Meeshaalee tamsaasa sagalee raadiyoo ittiin fuudhamu meeshaalee sagalee waraabu yookiin baayi'su wajjiin walitti hidhaman meeshaalee biroo.		%10
85.28	8527.1910	Meeshaalee madda humna alaa osoo hin qabaatin tamsaasa sagalee raadiyoo fuudhachuun hojjachuu danda'an industiriwwan walitti hidhaman irraa yeroo fichisiisan gar-tokkeen kan walitti hidhaman		%10
8527.1990		Meeshaalee madda humna alaa osoo hin qabaatin tamsaasa sagalee raadiyoo fuudhachuun hojjachuu danda'an		%10
	8527.9920	Meeshaalee tamsaasa sagalee raadiyoo fudhatan VCD yookiin DVD wajjiin kan walitti hidhaman		%10

	8528.7210	Meeshaalee tamsaasa televizyinii ittiin fudhatamu; meeshaa viidiyoo waraabu yookiin dabarsu wajjiin walitti hidhaman ta'anii industiriwwan meeshaa walitti hidhan yammuu fichisiisan gar-tokkeen kan walitti hidhaman	%10
	8528.7220	Meeshaalee waraabduu yookiin dabarsituu (tamsaastuu) vidiyoo wajjiin kan walitti hidhaman ta'anii; industiriwwan meeshaalee walitti hidhan yammuu fichisiisan guutummaan guututti kan hiikamanii dhiyaatan	%10
	8528.7230	Kanneen biroo industiriwwan meeshaalee walitti hidhan yammuu fichisiisan gar-tokkeen kan walitti hidhaman	%10
	8528.7290	Televizyinii Abbaa Halluu	%10
	8528.7300	Monokiroomii	%10
19. Konkolaattota			
87.01	Tiraaktara		
19.1. Tiraaktaroota Abbaa Aksili Tokkoo			
	8701.1021	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa afur kan hin caalle	%100
	8701.1022	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa afurii ol garuu waggaa torba kan hin caalle	%200
	8701.1023	Kan tajaajilan fi umriin isaanii waggaa torba ol ta'e.	%400
19.2 Tiraaktaroota Harkistuu Gar-tokkee Tireelaraa (Semi-trailers)			
	8701.2021	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa afur kan hin caalle	%100
	8701.2022	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa afurii ol garuu waggaa torba kan hin caalle	%200
	8701.2023	Kan tajaajilan fi umriin isaanii waggaa torba ol kan ta'e.	%400
19.3 Tiraaktara Qonnaa			
	8701.3021	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa afur kan hin caalle	%100
	8701.3022	Kan tajaajilan fi umriin isaanii waggaa afurii ol garuu waggaa torba kan hin caalle	%200
	8701.3023	Kan tajaajila fi umriin isaanii waggaa torba ol kan ta'e.	%400
19.4 Kanneen Biroo Humni Motoraa (Injiinii) Isaanii:			
19.4.1 Kiiloo Waatii 18 kan hin caalle			

	8701.9121	Kan tajaajila fi Umriin isaanii waggaa afur kan hin caalle	%100
	8701.9122	Kan tajaajilan Umriin isaanii waggaa afurii ol garuu waggaa torba kan hin caalle	%200
	8701.9123	Kasn tajaajilan Umriin isaanii waggaa torba ol kan ta'e.	%400
19.4.2 Kiiloo Waatii 18 OI Garuu Kiiloo Waatii 37 Kan Hin Caalle			
	8701.9221	Kan tajaajilan fi umriin isaanii waggaa afur kan hin caalle,	%100
	8701.9222	Kan tajaajila fi Umriin isaanii waggaa afurii ol garuu waggaa torba kan hin caalle	%200
	8701.9223	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa torba ol ta'e	%400
19.4.3 Kiiloo Waatii 37 OI Garuu Kiiloo Waatii 75 Kan Hin Caalle			
	8701.9321	Kan tajaajilan fi umriin isaanii waggaa afur kan hin caalle	%100
	8701.9322	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa afurii ol garuu waggaa torba kan hin caalle	%200
	8701.9323	Kan tajaajila fi Umriin isaanii waggaa torba ol kan ta'e.	%400
19.4.4 Kiiloo Waatii 75 OI Garuu Kiiloo Waatii 130 kan hin caalle			
	8701.9421	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa afur kan hin caalle	%100
	8701.9422	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa afurii ol garuu waggaa torba kan hin caalle	%200
	8701.9423	Kan tajaajilan fi umriin isaanii waggaa torba ol ta'e.	%400
19.4.5 Kiiloo Waatii 130 OI Kan Ta'e			
	8701.9521	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa afur kan hin caalle	%100
	8701.9522	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa afurii ol garuu waggaa torba kan hin caalle	%200
	8701.9523	Kan tajaajilan fi Umriin isaanii waggaa torba ol ta'e.	%400
87.02	Konkolaattota Abbaa Motora Konkolaachisaa Dabalatee, Namoota Kudhan Yookiin Isaa OI Kan Geejjibsiisan		
19.5. Abbaa Kompireeshinii-iginiishin Internaal Kombasishinii Piistan Injiinii Qofa Kan Ta'an/Diizilii Yookiin Gar-tokkeen Diizilii/			
	8702.1022	Waggaa afur hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16	%100

		hin caalle	
	8702.1023	Waggaa afurii ol garuu waggaa torba hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle;	%200
	8702.1024	Waggaa torbaa ol kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle,	%400
	8702.1025	Waggaa afur hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu	%100
	8702.1026	Waggaa afurii ol garuu waggaa torba hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu	%200
	8702.1027	Waggaa torbaa ol kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu	%400

19.6 Piroppalshiniif Kompireeshinii-iginiishin Internaal Kombasishiin Piistan Injiinii /Diiizili Yookiin Gar-Tokkeen Diiizili/Fi Motora Elektiriikii Walitti Kan Qabate

	8702.2022	Waggaa afur hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle	%100
	8702.2023	Waggaa afurii ol garuu waggaa torba hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle,	%200
	8702.2024	Waggaa torbaa ol kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle,	%400
	8702.2025	Waggaa afur hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu;	%100

	8702.2026	Waggaa afurii ol garuu waaggaa torba hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu;	%200
	8702.2027	Waggaa torbaa ol kan tajaajilan, humni teessoo konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu.	%400
19.7 Piroppalshiiniif Ispaark-ignishiin Internaal Kombasishiin Piistanii Rispriookeetingii Injiin fi Motora Elektiriikaa walitti hidhee kan qabate			
	8702.3022	Waggaa afur hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle	%100
	8702.3023	Waggaa afurii ol garuu waggaa torba hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle,	%200
	8702.3024	Waggaa torbaa ol kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle,	%400
	8702.3025	Waggaa afur hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu;	%100
	8702.3026	Waggaa afurii ol garuu waaggaa torba hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu;	%200
	8702.3027	Waggaa torbaa ol kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu	%400
19.8. Piroopalshiniif Motora Elektiriikaa Qofa Kan Fayyadaman			
	8702.4022	Waggaa afur hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle	%100
	8702.4023	Waggaa afurii ol garuu waggaa torba hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle,	%200

	8702.4024	Waggaa torbaa ol kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle,	%400
	8702.4025	Waggaa afur hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu;	%100
	8702.4026	Waggaa afurii ol garuu waaggaa torba hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu;	%200
	8702.4027	waggaa torbaa ol kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 kan caalu	%400
<b>19.9 Konkolaattota Daddeebisa Ummataa Biroo</b>			
	8702.9022	Waggaa afur hin caalle kan tajaajilan, humni teessoo isaanii konkolaachisaa dabalatee imaltoota (ga'eessota) 16 hin caalle	%100
